# Waa'ee **KAAYYOO NAAMUSAA SBS**



SBS tajaajila televishinii, radio fi media ammayyee biyyaalessaa ummataa wallaba tahe akka **Chartera Keenya** keessatti ibsametti hawaasa Australiaf gaafatama qabuu dha. Nuti mootummaa Australia fi dhaabbilee daldalaa dhaadhessii gurgurtaa himatan tumsa maallaqaa arganna.

Guutummaa kara walitti hidhata (network) keenya odeessa Australia, oduu naannoo fi idil-addunyaa fi dhimmoota bilbiltuu yeroo, ispoortii, diraamaa idil-addunyaa fi galmeelee, nyaata, filmii, fi tajaajila radio naannoon afaanota 60 caalaniin ni qoodna. Akkasumas qe'ee odeessa Saboota Jalqabaa (First Nations) kan Televishinii Abbootii Dachee Biyyaalessaa (National Indigenous Television (NITV) saganteessa ilaalacha Abbootii Dacheen (Indigenous) dabru ni dhiheessina.

Qabiyyeen qophii keenyaa kan hawaasni keenya nu irraa eegu akka tahuuf SBS qabiyyee qophii hundaa kam illee kan televishinii, radio, sararaa interneetaa, ykn media sabaa-himaalee (social media) tahus Kayyoo Naamusaa SBS (SBS Code of Practice) ni qabna.

### Kayyoon Naamusaa (Code of Practice) kan inni hammatu dhimmoota barbaachisoo kan akka....

## WAL IRRATTI AMANTAA (TRUST)

### Qabiyyee amanamaa fi akeekamaa (relevant) tahe akka itti dhiheessinu

- Waaée qabiyyee qophii keenyaa murtii walaba tahe nutu itti kennata.
- Qabiyyeen oduu fi odeessa keenyaa sirrii, madaalawaa fi kan hin loognee, fi fedhii ummataa kan eeguu dha.
- Qabiyyeen qophii keenyaa ilaalchota (views) fi ejjannoo (perspectives) bifa hundaa kan qabu (comprehensive) waan haaraya dhiheessuu fi kan didhu (challenging) akkasumas kan yaada ijaaraa wal falmisiisaa fi dadammaqsaa tahuu dandaúu dha.

## IFTOOMINA (TRANSPARENCY)

### Qabiyyee qophii filatte si qajeelchuu keessatti akkamiin akka si gargaarru

- Odeeffannoo waan siif si dhiheessinuuf qabiyyee qophii siif, ijoollotaa fi lelleccee (young people) kunuunsa kee jala jiraniif tahu keessaa filatuu dandeessa.
- Dhaadhessiin dabru kan qabiyyee dhaadhessii fi seera dhaadhessiin ittiin dabru tahuu ni qulqulleessanna.
- Qabiyyeen qophii dabruu kan qalbii nama rifaasisu (distressing) tahe, kan dhaggeeffataa gaddisiisu, miira jeequ (sensitivity) yoo tahe bakka barbaachisutti akeekkachisni dursee akka himamuu fi qabiyyeen qaama dhimmi ilaaluun gulaalame qofti akka dabru taasisama.

## KABAJAA (RESPECT)


### Kabajaa akkamiin akka shaakalluu fi babalísnu

- Qabiyyee qophii kan qoodumsaa, loogumsaa (stereotypes) fudhatama hin qabne dabalee hin dhiheessinu.
- Qabiyyeen qophii dhihaatuu afaan English keessaa ala afaan kan birootiin waan taheef waan dhihaatu hundi ilaalcha baláa kan calaqisu akka tahu jajjabeessina.
- Dhimmootni Abbootii Dachee (Indigenous) eeggannoon taasisamuu waan qabuuf ummatoota Aboriginal fi Torres Strait Islander waan ilaalu kan sirna sansakkaa aadeffata isaanii hordofe tahuu qaba.
- Gaafatama gabaasaa keenyaan wal madaalchisnee odeeffata dhuunfaa (privacy) ni kabajna.

## GAAFATAMUMMAA (ACCOUNTABILITY)

### Akkamiin akka gaafatamummaa fudhannu

- Laafaas haa tahuu jabaa waaée qabiyyee qophii keenyaa fi tajaajila kenninu ilaalchisee akkaataa itti yaadni nuuf kennamu ni mijjeessina.
- Komii dhiheessamuuf Kaayyoo Naamusaa keenya hordofee tartiiba Seer-sirreessa SBS (SBS Ombudsman) hin baamsisneen (independent) tartiiba ittiin qoratamu ni qabna.




SBS

**Caalaatti baruuf**
**sbs.com.au/aboutus/sbs-code-of-practice**